SEERRI KUNI HOJJETTOOTA AAPPII IRRATTI BU'UUREFFATANIIF HAALA IMMIGIREESHINII ISAANII OSOO HIN DAANGESSIN EEGUMSA TAASISAAF

DHAABBILEEN NEETWORKII HAAMMATAMAN SEERA KANA WAJJIIN WALII GALUU QABU. HALOO BAHUUN SEERAAN ALA. AMAJJII 1, 2025 KAN HOJIIRRA OOLU

Seattle Office of Labor Standards

# App-Based Worker Deactivation Rights Ordinance (ABWDR, Labsii Mirga Hojjettoota Aappi irratti Bu'uureffatanii Hojii dhaabsisuu)

# SMC 8.40 Beeksisa Mirgootaa

**Amajjii 1, 2025 Kan Hojiirra Oolu**

## TAJAAJILLI UWWISAA KAN ISINIIF KENNAMU YOO:

- Yoo xiqqaate 25% dhiyeessii xumurame fi/ykn dhiyeessii sababaan haqxan guyyoota 180 keessatti addaan cituu dura tajaajila dhaabbata neetworkii uwwifame Seattle keessatti argamu of keessatti qabata; **ykn**
- Hoji dhaabuun keessan taatee tokkoon kan walqabatee ykn taateewwan yeroo tajaajilli Dhaabbata Neetiwoorkii Uwwisaa Seattle keessaa osoo raawwatanii mudate.

**Hojjettoonni hundi hojiidhaaf Pilaatifoormii Aappii irratti Bu'uureffate fayyadaman seera kanaan uwwisa hin arganne. Odeeffannoo dabalataa argachuuf asii kaasaa:**

https://www.seattle.gov/laborstandards/ordinances/app-based-worker-ordinances/app-based-worker-deactivation-rights-ordinance

Seera Hojjettoota Aappii-Seeraatti Hunda'ee Siyaatil kan Ogeeyyii Walitti Fudhannaa Geejjibaa (rideshare) hin dabalatu.

# AKKA HOJJETAA AAPPII IRRATTI BU'UUREFFATEE UWWISA ARGATEETTI MIRGOOTA KANA NI QABDA:

- Beeksisa imaammata hojii dhaabuu sirrii ta'e gochaan maalii gara hojii dhaabsisuutti akka geessee fi qormaata hojii dhaabsisuu keessatti adeemsa hordofaman ibsu argachuu qabdu.
    - Imaammanni hojii dhaabsisuu hojii nageenya qabuu fi gahumsa qabu dhaabbatichaa wajjin haala madaalawaa ta'een kan walqabatu ta'uu qaba.
- Taatee gara hojii dhaabuutti geessu maal iyyuu yoo ta'e, akkaataa adeemsa hojii dhaabuu keessoo dhaabbata neetworkichaatiin hojii dhaabuu mormuu dandeessu.
- Hojii dhaabsisuun dura beeksisa guyyoota 14 ni kennama, yoo dhimmi keessan amala badaaa ykn seeraan barbaadamu hin taanee fi kan dhaabbileen battalatti hojii irraa isin dhaabsisuu danda'an yoo ta'e irran kan hafe.
    - Beeksisni sun sababa(oota) hojii dhaabuu, taatee (wwan) addaa imaammata dhaabbatichaa cabsan dabalatee isinitti himuu qaba, akkasumas galmeewwaan dhaabbileen neetwoorkii hojii irraa isin dhaabsisuuf fayyadaman dhiyeessuu qabu.

# DHAABBILEE NEETWORKII:

- Hojii dhaabsisuu "ajaji hin kennamne" akkasumas hojii dhaabsisuu loogii qabu isin irratti raawwachuu hin danda'ani.
- Osoo hojii isin hin dhaabsisin dura qorannoo imaammata dhaabbatichaa cabsuu keessan agarsiisuu raawwachuu fi imaammata dhaabbatichaa sarbuu keessan ifatti mul'isuu qabu.
- Haala dhaabbataa fi wal fakkaataa ta'een seera, imaammataa fi adabbii hojii dhaabsisuu hojiirra oolchuu qabu.
- Yoo sababoota seera cabsuu waliin kan wal qabatu ta'e qofa hojii isin dhaabsisuu qabu akkasumas haala hojii keessanii ilaalcha keessa galchuu qabu.

- Seerota, dambiiwwani waliin walii galuuf akkasumas amala badaa yoo agarsiistaniif battalatti hojii irraa isin dhaabsisuu danda'u.
- Sirna labsii kana jalatti haammatamuu fi dhiisuu keessan hubachuuf isin gargaaru uumuun barbaachisaa dha.
- Beeksisa kana afaan Ingiliffaan akkasumas afaan dhaloota keessaniin karaa appilikeeshinii bilbilaa, iimeelii, ykn marsariitii interneetiin isiniif akka dhiyaatuuf mirga qabdu.

## MIRGOOTA KEESSAN BEEKAA:

### HALOO BAHUUN DHORKAADHA

Mirgoota keessan armaan olitti eeraman hojiirra oolchuu keessaniif haaloo bahuu (gochaa dalgaa) isin irratti raawwatamu irraa eegamuuf mirga qabdu.

### MIRGA KOMII DHIHEEFFACHUU

Waajjira Sadarkaawwan Humnaa (OLS) tti komii keessan dhiyeeffachuuf mirga qabdu akkasumas erga karaa qajeelfama keessoo hojii dhaabuu keessan mormuudhaan himata banuu dandeessu.

**Waxabajjii 1, 2027 dursuun OLS mirgoota dambiiwwan kana keessatti eeraman hojiirra oolchuuf aangoo daangeffame qaba.**

**Odeeffannoo dabalataaf, asii kaasaa:**

https://www.seattle.gov/laborstandards/ordinances/app-based-worker-ordinances/app-based-worker-deactivation-rights-ordinance

Hojjetoonni mirga OLS ammallee hojiirra oolchuu hin dandeenyeef karaalee gargaarsa biroo barbaaduu danda’u.

# QUNNAMTII OLS:

## DHAABBILEE NEETWORKII

Deeggarsa teeknikaa fi/ykn leenjii fudhachuu

## HOJJETTOOTA AAPPII IRRATTI BU'UUREFFATAN

OLS waliin himannaa banuu ykn mana murtiitti himata banuu

## 206-256-5297

**www.seattle.gov/laborstandards**

Seattle Office of Labor Standards

810 THIRD AVE, SUITE 375
SEATTLE, WA 98104
SA'AATII: 8:00 WD– 4:00 WB (WIIX–JIM)
LABORSTANDARDS@SEATTLE.GOV

Ergamni Office of Labor Standards(Waajjira Sadarkaawwan Hojjetaa), hirmaannaa hawaasaa fi daldalaa hubannoo qabuun, raawwii tarsiimoo fi imaammata kalaqaan qopheessuu fi haqaa sanyii fi hawaasummaaf kutannoo qabaachuudhaan sadarkaa hojjetaa tarkaanfachiisuudha.

Waajjirri Sadarkaawwan Hojjetaa qaama miidhamtootaaf tajaajila hiikkaa, turjumaanaa, fi bakka jireenyaa ni kenna